# QAACCEESSA ITTI FAYYADAMA JECHOOTAAFI NAMFAKEESSUU IMAANAA IMALTUU

SALAMOON TAALAMMAA

WARAQAA QORANNOO DIGRII BAACHILARAALII AARTII AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE

# QAACCEESSA ITTI FAYYADAMA JECHOOTAAFI NAMFAKEESSUU IMAANAA IMALTUU

QORATTAAN: SALAMOON TAALAMMAA

GORSSAAN: TOLAMAARAAM FUFAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGRII BAACHILLARII AARTII AFAAN OROMOO, OG-BARRUU FI QUUNNAMTII

GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE

# Galata

Waan hunda dursee uumama koo irraa kaasee hamma ammaatti bu'aa ba'ii baay`ee keessa na dabarsee kan asiin na ga'e galanni waaqayyoof haa ta`u. Qorannoon kun jalqabaa hanga xumuraatti akka gaggeeffamuuf yeroo isaanii naaf kennuun nuffii tokko malee yaadaan na d eggeruufi gorsa naaf laachuun kan na waliin turan gorsaa koo Dr.Tolamaayaam Fufaa guddaan galatteeffadha. Itti aansuun akkan baradhee iddoo kana ga'uuf kan na taasisan haadha koo Dammaa Baqqalaa baay`een galateeffadha. Akkasumas hiriyyoottan koo wantoota garaa garaan kan na deggaraa turtan hundaaf jaalalli ani isiinif qabu daangaa hin qabu baay`een isin jallaadha.

# AXAREERAA

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa itti fayyadama jechootaa fi namfakkeessuu asoosama Imaanaa Imaltuu jedhu qaaccessuudha. Kaayyon kun galmaa gahuuf mala qorannoo akkamtaattii gargaarameera. Ragaan qorannichaa madda tokkoffaa yommuu ta'u, asoosamicha gadii fageenyaan ergaa dubifameen booda ragaan akkaatuma kaayyoo qorannootti qaacceffamee jira. Argannowwaan gurguddoon qorannoo kanaa Karaalee itti fayyadama jechoota namfakkeessuu Boqonnaa boqonaan qoqoonnee ilaalla kunis kan kalaqaman, karaalee dhaabbanaa qaamaa, karaalee amalaa,karaalee sadarkaa jireenyaafi gochaa isaan rawwatanin yoo ta'an, akka yabootti immoo dhimmi ilaallatu, barattootaafi barsisonnii kolleejjiifi yunivarsiitii, Akkasumas qamoonni ilalatuu hundi hojii dabalataa hojjechuu akka qabaan yaadni dhiyeeffameera.*

# BAAFATA

Qabiyye FUULA


Galata ... i

AXAREERAA ... ii

BAAFATA ... iii

BOQONNAA TOKKOO: SEENSA ... 1

1.1. Seenduubee Qorannicha ... 1

1.2. Ka’uumsa Qorannichaa ... 3

1.3. Kayyoowwan Qorannichaa ... 3

1.4. Kaayyoo Gooroo ... 3

1.5. Kaayyoo Gooree ... 3

1.6. Barbaachisummaa Qorannichaa ... 4

1.6.1. Dangaa qorannichaa ... 4

1.6.2. Hanqinaa Qorannichaa ... 5

1.6.3. Malaawwan Qorannichaa ... 5

1.6.4. Saxaaxa Qorannichaa ... 5

1.6.5. Madda Ragaalee ... 5

1.7. Tooftaa Funaansa Ragaalee ... 6

1.7.1. Mala Iddatteessuu ... 6

1.7.2. Tooftaa Xiinxala Ragaalee ... 6

BOQONNAA LAMA: SAKKATTA’A BARRUU ... 7

2.1 Yaadrimee Asoosama ... 7

2.2. Gosoota Asoosama ... 7

2.3. Asoosama Gabaabaa ... 7

2.4. Asoosama giddu galeessa ... 8

2.5. Asoosama Dheeraa ... 8

2.6. Miseensota Asoosama ... 9

2.6.1. Maalummaa Jechaa ... 9

2.6.2. Fayyadama Jechaa ... 10

2.6.3. Faayidaa Jechaa ... 11

2.6.4. Jechoota Loogaa ... 11
2.6.5. Jechoota Ergisaa ... 12
2.7. Jechoota Tiishoo ... 13
2.7.1. Hiikkaa Namfakkii ... 13
2.7.2. Namfakkeessuu ... 14
2.7.3. Karaalee Namfakkeessun umaman ... 14
2.7.4. Namfakkeessuu kallattii ... 14
2.7.5. Namfakkeessuu Alkallattii ... 15
BOQONNAA SADII: DHIYEESSA, QAACCESSAFI HIKKAA RAGAALEE ... 16
3.1. Seenaa Gabaabaa Asoosama Imaanaa Imaltuu. ... 16
3.2. Qaacceessaa Waa'ee Jechootaa Asoosamicha keessatti. ... 18
3.3. Jechoota Afaan Oromoo afaan Ingiliziin liqeeffate ... 18
3.4. Jechoota afaan Oromoo afaan Amaaraa irraa liqeeffate ... 19
3.5. Jechoota Afaan Oromoo afaanoota garaagaraa irraa liiqeeffate. ... 19
3.6. Qusannoo Jechootaa ... 19
3.6.1. Jechoota Tiishoo ... 19
3.6.2. Walfakkii Jechoota ... 20
3.6.3. Jechoota Loogaa ... 20
3.6.4. Qaaccessa Waa'ee Namfakkiilee Asoosama Imaanaa Imaltuu ... 21
3.7. Namfakkeessuun Halaa dhabbii Qamaa isaanitiin ... 21
3.7.1. Kennaa ... 21
3.7.2. Lalisee ... 22
3.7.3. Kennaa ... 22
3.7.4. Jafaar ... 22
3.7.5. Amiinaa ... 23
3.6. Namfakkeessuu Karaa Amalaa Isaanittiin ... 23
3.6.1. Kuluulee ... 23
3.6.2. Amiinaa ... 23
3.6.3. Hajii Nuuree ... 24
3.6.4. Amiinaa ... 24
3.6.5. Gammachuu ... 24

3.7. Namfakkeessuu Sadarkaa Jireenyaa Isaanitiin. .... 25
3.7.1. Kuluulee .... 25
3.7.2. Kennaa .... 26
3.7.3. Amiinaa .... 26
3.7.4. Bashaatuu .... 27
3.7.5. Namfakkessuu Gochaa Isaan Rawwataniin .... 27
3.8. Gammachuu .... 27
3.8.1. Kennaa .... 28
3.8.2. Woldee .... 28
BOQONNAA AFUR: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA .... 29
4.1 Cuunfaa .... 29
4.2. Argannoo .... 30
4.3. Yaboo .... 31
Wabiilee

# BOQONNAA TOKKOO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannicha

Ogbarruun kan dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti gaddaafi gammachuu, quufaafi beela, jibbaafi jaalalaafi kan kana fakkatan kan ittiin ibsataniidha. Geetachoon. (2007:133) dhimma kan yoo ibsuu “Ogbarruun hojii kalaqaa ta’e, fedhii, gammachuu, hawwii, gaddaa, jaalala, jibbaafi kan kana fakkatan miidhagse hojii dhallaa namaa walitti qindeesse kan muldhiisudha” jedha. Kana malees ogbarruun yaada namoota ibsu irratti humnaa olaana qaba. Melaakineh. (1999:1) dabalaatan yoo ibsu, “literature is the last and the highest expression the thought people manifested in words on organic constitute of developments.”jedha. Ibsa kanarra akka hubannutti ogbarruun ibsa yaada uummata isa olaana ta’e kan jechootan ibsamufi dur irra kaa’e suuta suutan guddacha kan dhufe ta’u isa hubanna.

Kana jechuun ogbarrun waan tokko ilaale irraa akka waa hubbanuu ogumma akka nutii waa’ee keenyaa yadnuuf jireenyaa keenyallee kan nu hubbachisuudha. Kanafuu ogbarruun dawwitii jireenya dhalaa nama ta’ee kan hawaasni gocha isaa keessatti ilaalatu ta’u isaa yaanni kun nu hubaachisa. Akkasumas asoosamni damee ogbaruu keessa tokko ta;ee hojii kalaqaa sammuu dhalaa namaatiin qophaa’ee namootaaf kan dhiyaatudha.

Asoosamni miseensota hedduu of keessa qaba miseensoota kannnen keessa muraasni isaani: jechoota, namfakkeessuu, waldiddaa, yoomessa, ergaafi kan kana fakkaatanidha. Hojiin qorannoo kanas qaacceessa itti fayyadama jechootaafi namfakkeessu asoosama Imaanaa Imaltuu kan jedhudha. Osoo garaa namfakkeessuutti hin seeniin duraa maalummaa jechoota gaababinaan haa hubanu. Jechi wanta sagalee irraa uumamu ta'ee kan hiika qabuufi kutaa seerluga afaaniti jechuun nidada'ama. Kanaan walqabatee kitaabni “Dictionary of Language anda Linguistics” jedhu akkas jedha.

> *“Jechooni itti fayyadama Asoosama kana keessatti haala tateewanii fi addaeemasa yaada gamaa dinagdee, seeraa, sirna jiruuf jireenya hawaasichaa kan ibsuudha. Kana malee jechoonni afaan hojii mootummaa keessatti kallattii hojii hundaan imaammata, tarsiimoofi qaajeelfama haala bulmaataa ilaalchisuun labsii garaagaraa yeroo gara yerootti baasuun jechoota kanatti fayyadamuun hojii adeemsisu.*

*Jechoonni hojii mootummaa ittiin adeemsifamu kunis qabiyyeen isaanii ilaalcha siyaasaa mootummaa isaani galmaan gahuuf humna kan qabaniidha"jedha.*

Dubbattoonni afaan dhalootaa hunduu kan afaanicha barreessuu dandaaniifi hin dandeenyes haala walii galaan yoo ilaalaman, maalummaa jecha afaan sanaa osoo namni itti hin himiin beekuu danda'u. Haa ta'u malee, jecha akka qaama xinqooqaatti hiikuun rakkisaafi dhimma marii barbachisuudha. Jechi kutaa afaanii ta'e, sirnoota barreeffamaa heddu keessatti qindaa'ina sagalee irraa kan uumamuudha. Hiikni baay'ee beekkamaafi inni sirriin jechaa, afaan dubbiitiif unkaa bilisa xiqqaadha. Kana jechuun jechi qaama xiqqaa ta'ee, kan kophaa isaa hima yookiin dubbii of keessatti qabatuudha. Itti ansuun immoo maluummaa namfakkiilee yemmu ilallu haala armaan gadiin gababiinaan ibsamanii jiru.

Namfakkiin namoota hojii ogbarruu asoosama kessattii nama fakkatanii hojii asoosama tokko kan rawwatanidha. Akkumaa dhalaa namattii gochaa dhalli nama rawwaatuu fi dhala nama irratti rawwatu kamiyyuu fakkatani kalaqamanidha. Akkasumas gaheen isaaniis waanta yookaan dhimma hawaasa keessatti calaqqisan bifa argaa yaadaatiin nama daawwachiisuudhaaf warren gahee taphataniidha. Fakkaattoonni kuni akkuma maqaa isaanii irraa hubannu seenaa asoosamichaa keessatti warra fakkaatanii taaphataniidha malee warra gocha dhugaa raawwatanii miiti. Yaada kana kan cimsu Biraanuu (2013:34) akkas jechuun yoo ibsu "Namfakkiiwwan asoosama keessattii argamaan calaqqee namoota dhugaan addunyaa kana irra jiraniti" jedha. Namfakkeessuun caaccuulee asoosama dheeraa keessa tokko ta'ee kan barreessitoonii asoosama kessattii karaalee adda adda namfakkeessuu kalaqanidhaa.Yaduuma kana cimsuuf hayyuun Beverly (2002:172). dhimma kan yoo ibsuu "Namfakkeessuun tofta barreessan namfakkoota kana kalaqu fi ijaruuf itti fayyaadamudha. Barreessan tokko nam fakkoota kan kalaqu yookan umuu akkasumas wa'ee isaani karalee dhabbata qamaa, gochaa namfakkoota jecha fi miira isaanii ibsaa ibsaa kallattii seenesaa wa'ee namfakkota ibseen, akkasumaas jechaa fi miira namfakkota biroon akka beekamuu yadiichi nu hubachisaa"jedha.

## 1.2. Ka'uumsa Qorannichaa

Guddina afaan tokkotiif ogbarruun barbachisaadha. Ogbarruuwwan jiran irratti immoo qaacceessii adeemsifamuunis akkasumas akka. Cosmo (1991:102) dhimma kan yoo ibsu*"Q*eeqni ogbarruu akka ogbarricha hubannuu fi yaada dhunfaa keenyaa hojii ogbarruu dubbisne tokkorrattii akka yaada kenninuuf nu gargara. Qeeqni kun guddina ogbarruutiif iddoo olaanaa qaba. Ogbarruuwwan kana keessa asoosamni isaa tokko yommuu ta'u innis miseensota hedduu of keessaa qaba. isaanis waldiddaa, yoomessa, ergaa, itti fayyadama jechootaa, namfakkeessuu fi kan kana fakkatanidha"jedha. Miseensoonii kunnin wal biraa hafuu hin qabani. Kanaafuu, qorataan kunis gummachaa mataasaa ba'uuf qaacceesssa itti fayyadama jechootaa fi namfakkeessuu asoosama Imaanaa Imaltuu jedhu irratti xiyyeeffateera. Kanarratti qorattaan kun gaffiilee arman gadii irrattii hunda'ee qaaccessee dhiyyeesseera.

Asoosamni kun erga hojjetamee xumuramee booda gaaffilee armaan gadii ni deebisa;

- ❖ Jechoonni kitaabicha keessatti barreessichi itti fayyadame safuu hawaasichaa hagam eegu?
- ❖ Asoosama dheeraa Imaanaa Imaltuu keesssattii namfakkeessuun haala kamiin dhiyaate?
- ❖ Barrreessan Asoosama kana jechoota looga akkamitti fayyadamee barreesse?
- ❖ Toftaaleen namfakkeessuu asoosama kun itti fayyadamee maali?
- ❖ Namfakkeessun asoosama kessattii faayidaa maaliif oola?

## 1.3. Kayyoowwan Qorannichaa

## 1.4. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kana asoosama Imaanaa Imaltuu jedhuu kessattii itti fayyadama jechootaafi namfakkeessuu qacceessuudha.

## 1.5. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree kanneen qorannichaa kanneen armaan gadiiti.

- ❖ Malummaa jechootaa fi haala fayyadama jechootaa kitaaba kana keessatti maal akka fakkaatu ibsuu,

- Haalli itti fayyadama jechootaa kitaabicha keessatti maal akka fakkaatu ibsuu,
- Faayidaa jechoota, dameewan jechootaa ibsuudha
- Asoosama Imaanaa Imaltuu keessatti haalli jechootaa fi namfakkeessuun ittin dhiyaate ibsuu,
- Toftaa jechootaa fi namfakkeessuun asoosamni kun itti fayyadamee addessuu,
- Namfakkeessuun asoosama kessatti faayidaa akkamii akka qabuu ibsuudha.

### 1.6. Barbaachisummaa Qorannichaa

Bu’aan hojii qorannoo kanaa qamoota asii gadiitti ibsamanif faayidaa garaagaraa ni keena.

- Dubbistoonni asoosama wa’ee asoosamichaa akka hubatanif halaa mijeessa.
- Qorattota amman boodaatti dhimaa mata duree kana walin walitti dhiyyatuu irrattii qorannoo tasisaniif ni deegara.
- Barreeffamoonni gara fuulduraatti ba'an gamaa seerluga afaanichaatin akka ilaalamanii dhiyaataniif gumaacha ni ta'a.
- Namoota seera afaanichaa irratti qorannoo geggeessaniif akka ka’umsaatti in tajaajila
- Akka waligalaattii guddinaa ogbarruu oromootif bu’aa ni qabaata. Namoota mata-dureen qorannoo isaanii kana waliin walfkkaaturratti qorannoo gageessaniif akka ka’umsaatti tajaajiluu nidanda’a jedhamee abdatama**.**

#### 1.6.1. Dangaa qorannichaa

Qorannoo tokko yeroo gaggeeffamu daangaa mataa isaa qaba. Qorannoon kunis asoosamoota afaan oromoon jiraan keessa, asoosama Imaanaa Imaltuu itti fayyadama jechootaa fi namfakkeessuu irraatti kan daangeeffamedha. Sababni isaas yeroon hojii kana bal’isee mata duree garaa garaan irratti yoon hojjedhe yeroon koo barnoota faana waan na hin geenyeef Itti Fayyadama Jechootaa fi Namfakkeessuu Imaanaa Imaltuun daangessee hojjedheera.

### 1.6.2. Hanqinaa Qorannichaa

Adeemsa hojii tokko hojjechuu keessatti hanqinoonni garaa garaa ni mul'atu. Qorarnoo kana gaggeessuu keessatti hanqinoota hedduutu namudatee jira. Hanqinoota na mudatan keessaa tokko hanqina yerooti. Sababni isaa yeroon qorannoon kun itti gaggeeffame yeroo barnootaa idilee waliin walirra waan bu'eef hanqinni yeroo hanqina qorannoo kanaati jechuu ni dadeenya. Haa ta'uyyuu malee yeroon argadhetti fayyadamee qorannoo kana gaggeesseera.

Akkasumas qorannoon kun kan inni irratti gaggeeffame mata duree Itti fayyadama Jechootaafi Namfakkeessuu jedhu qofa irrattidha. Dhimootin irratti hojetamuuf malan kan akka sirna tuqaalee, qubeessuu, itti fayyadama afaanii, waldiddaa, yoomeessa, ergaa fi kkf hafuun hanqina qorannichaatti.

### 1.6.3. Malaawwan Qorannichaa

Qorannoon tokko galmaan ga'uuf malli qorataan tokko na gargaara jedhee fudhatee itti fayyadamu murteessaadha. Malli qorannoo tokko kan filatamus faayidaa isaa irratti hundaa'eeti. Qorannoon kun kan adeemsifame odeeffannoo kitaaba dubbisuun walitti qabame irraa kan qaacceeffameedha. Qorannoon tokko yommuu gaggeeffamu bakka tookiin qaama irratti gaggeeffamu qaba. Kanaafuu qorannoon kunis kan adeemsifame kitaabota og-barruu afaan oromoo keessaa asoosama 'Imaanaa Imaltuu' jedhu irratti kan xiyyeeffate yoo ta'uu caacculee asoosamaa jiran keessaa immoo itti fayyadamaa jechootaaf namfakkeessuu irratti xiyyeeffachuun qaacceessuudha.

### 1.6.4. Saxaaxa Qorannichaa

Qorannoo tokko kan gaggeeffamu kamiyyuu adeemsa mataa isaa qaba. Kanaafuu qorannoon koo akaakuu qorannoo bu'uuraa ta'ee mala ibsituutti fayyamuun kan dhiyaateedha. Sababni isaas qorannoo koo kana keessatti waa'ee itti fayyadama jechootaaf namfakkeessuu asoosama Imaanaa Imaltuu ilaalichisee hanqinaa fi ciminni jiru waan ibsamuufi.

### 1.6.5. Madda Ragaalee

Maddi 1ffaa koo kitaaba asoosama Imaanaa Imaltuu kan Abrahaam Tasfaayee Guddinaatin bara 2018 A.L.Atti qophaa'e, maxxansa 4ffaa ta'ee, firiiwwaan asoosamaa keessa itti fayyadama

jechootaaf namfakkeessuu irratti kan fuulleffateedha. Maddi ragaa 2ffaa ammoo barreeffamoota garaagaraa kan waa'ee jechootaaf namfakkii ibsaniidha.

### 1.7. Tooftaa Funaansa Ragaalee

Tooftaan funaansa ragaalee koo inni guddaan kitaaba asoosamaa Imaanaa Imaltuudha. Maddi dabalaata ammoo barruule mata duree koo waliin walqabatan dubbisuudhaani. Akkasumas yaadannoo gaggabaaboo ta'an funaanuun barreeffachuu fi mala dubbisuu garaagaraatti fayyadamuun qaacceessuu danda'een jira.

#### 1.7.1. Mala Iddatteessuu

Kitaaba asoosamaa filadhe kana ergan ilaalee booda firiiwwan asoosamaa jiran carraa filatamuu qixa ta'e qabaatan illee hunda isaanii irratti qorachuun ulfaataa waan ta'uuf mala akkayyootti fayyadamee jira. Sababni isaa itti fayyadama jechootaaf namfakkeessuu isaa irratti waanan fuuleffadheefidha.

#### 1.7.2. Tooftaa Xiinxala Ragaalee

Ragaaleen qorannoo kana keessatti mul'atan lakkoofsaan wanti ibsinu waan hin jirreef bifa bifaan qooduun mala akkamtaan yaadaan qaacceessee. Kanaafuu qorannoon kun argannoon isaa kan inni bu’uureeffaatu haala adeemsa isaa haala amansiisummaa isaafi kan dhugaa yaaxinaalaa bu’uureeffate ta’uu isaatu qorannaa akkamtaa jalatti akka ramadamu isa taasisa jechuudha.

# BOQONNAA LAMA: SAKKATTA’A BARRUU

Boqonnaa kana jalattii malumma asoosamaa, yaadirmee asoosamaa, gosoota isaa, miseensoota isaa, itti fayyadama jechootaa fi maalumma namfakkiilee fi karaalee namfakkiileen itti umaman boqonnaa kana jalatii sakata’ama.

## 2.1 Yaadrimee Asoosama

Asoosamnii gosaa ogbarruu kessa tokko ta’ee tateewwaan addunyaa dhugaa deebisee kan nuuf himudha. Galmeen jechoota Oxford Advanced Learners Dictionary. (2006:300) dhimma kana yoo ibsuu “fictions is a type of literature describing imaginary ivents and people not reals ones. Thing that is inveted or imagined and is not true” Akka ibsaa galmee jechoota kanattii asoosamnii gosaa ogbarruu ta’ee iddoo fi namoota barreessan kalaqamani garuu dhugaa hin tanee kan nuuf ibsudha. Wantoonii kalaqaman yookan umaaman kun dhugaa miti.Yaada kana irra kan hubbannu asoosamni gochoota addunyaa dhugaa keessatti rawwataan irrattii hunda’ee kalaqama. Garuu dhugaadhan gochiichi kan rawwatuu miti.

Kana malees asoosmnii miiraa dhalaa namaa karaalee qoddattootan kan calaqisisudha. Hayyuun Diyaanii (2002:22) dhimma kan yoo ibsuu “Fng, iction express our feeliour pleasure or our store through characters” Asoosamni miraa keenyaa gammaachuu fi seenaa keenyaa karaalee nam fakkotootiin ogumma nuuf ibsuudha. Kanafuu asoosamnii dawwitii dhalaa nama gochaa isaa kessattii dawwatuudha. Walumaa galatii, asoosamnii gochalee hawaasnii dalagee yookan dalaguu danda’uu jedhamee yadamee, barreessaan kalaqamee namfakkotaan lubbu horatee ta’insaa addunyaa dhugaa ifaatii kan mul’isuudha.

## 2.2. Gosoota Asoosama

## 2.3. Asoosama Gabaabaa

Asoosamnii gabaabaa damee asoosama keessa isaa tokko ta’ee asoosama gidduu galessa irraa kan gabaabatudha. Amala caacculee fi akka isaan ittii asoosama dheeraa fi asoosama giddu galessaa waliin tokkummadha.Asoosamni kun yeroo baay’ee yoomeessa tokkorrattii xiyyeffachuun qapha’a. Asoosamnii gabaabaan seeneeffama walakkaa sa’atii irraa hangaa sa’atii lamaa kan fudhatuudha. Melakneh (1999:27) “Short story is prose narretive  requiring any hing from half any hour to one or two hours in its pursual” kan jedhu kanumaa mirkaneessa.

## 2.4. Asoosama giddu galeessa

Asoosamni gidduu galeessa immoo asoosama gabaabaa irraa kan dheeraatuu garuu asoosama dheeraa gadii kan ta'eedha.Yeroo baay'ee jechoota 17,500 hangaa jechoota 50,000 kan qabatuu yookan fuulaa 60 haangaa 170 tti kan qopha'uudha. asoosama ta'World Book encyclopedia (v.22:650) "novelette is a short work of fiction that usually coserns around a single incident .Because of its shorter length the characters and situation are fawer and less complicated than those of novel". Kana jechun asoosamni gidduu galeessa hojii gabaabaa yeroo hedduu dhimaa tokko yookan ta'insaa qeenxee tokko irratti kan xiyyeeffatuudha.

## 2.5. Asoosama Dheeraa

Asoosamnii dheeraan damee asoosama keessa tokkoo ta'ee jiruu fi haallii jireenyaa dhala namaan namoota kan ittin ibsamudha. Hiika asoosama dheeraa hayyoonnii adda addaa yeroo garaa garaa keessatti barreessaniruu. Isaan keessa muraasa isaani akka armaan gadittii ilaalla. Asoosamni dheeraan gooroo hojii ogbarruu hololoon seeneffamuu ta'ee tateen jireenyaa namoota kan ittin mui'ifamuu, kan nama bashanansisuu, kan nama dinqisisuu fi barsiisuu ta'uu isaa nu hubaachisaa. Hojiin kun ogbarruu keessatti bal'aa walxaaxadha haala jireenyaa hawaasa tokko yoomeessa isaa wajjin addeesse mul'isaa jechudha. Berhanuu (2009:32). dhimma kan yoo ibsu hayyuun kun "Asoosamni dheeraan damiilee ogbarruu kanneen biroo caalaa unkaa dheeraatiin bara'aa. Innis walakeessa jarraa kudha sadeetaffaa keessaa unkaa ogbarruu kanan qopha'uu jalqabee" jechuudha jedha.

Walumaagalattii hikkawwaan hayyootaa garaagaraatiin kennaman irraa akkuma hubaatamu, asoosamni dheeraan damee ogbarruu kan bifa hoololootiin barreessudhan asoosamni hammaa ofii barbaade dheereesse ergaa isaa ittin dabarfatuudha. Dhugaa jiruuf jireenyaa adunyaa qabatama bifa argaa yaadatiin hubaachiisu kan danda'u hojii ogummaa kalaqqii dhala nama namatti bakka asoosamni hin jirreetti dubbisuudhan ergaa isaa hubachuun kan danda'amudha.

### 2.6. Miseensota Asoosama

Asoosamni dheeraan akkuma asoosamoota kani caacculee irraa ijaaramu ni qaba. Mark (2004:40). akkas jedha "Novel consts, elements, like characters, settings, conflicts, store, and etc. Like novel and short story". Akka hayyuu kun jedhutti asoosamni dheeraan miseensota isaa kanneen akka nam fakkii, yoomessa, waldidda fi kanneen kana fakkatan qabachuun isaa asoosamota kan waliin wal isaa fakkeessa.

#### 2.6.1. Maalummaa Jechaa

Jechi waanta sagalee irraa uumamu ta'ee, kan hiika qabuufi kutaa seerluga afaanitii jechuun nidanda'ama. akkasuumas jechi gurmuu sagaleelee dubbii ta'ee akkaataa hiika qabaachuu danda'aniin wal-faana hiriiruun kan ijaaramaniidha. Getetachoo (2014:52). dhimma kan yoo ibsu "Afaan adda addaa keessattis jechoota bifa adda addaan ijaaramuun afaanicha jechootaan badhaadhoo taasisuun ni danda'ama yaadni kunis yeroo ibsamu Afaan Oromoo keessatti jechonni bifa adda addaan ijaaramu. Sagalee dubbifamaafi dubbachiiftuu irra sagaleen jecha tokko ijaaruudhaaf walfaana bu'an birsagoota jedhamu"jedha.

Geetachoo (2014:53 waay'ee jechaa ilaalchisuun akkas jedha:

> "*All nativ speakers of language seem to have an intuitive ida of what is meant by the term 'word'. In its general sense whether they write the language or not, words as a linguistic unit is more dificult to define and has been the subject much of discussion. In many ways the word is aunit of language. For many wrting systems a word can be defind as a sequence of letters which occurs between spaces. Themust famous definition of word which is valid for the spoken language is minimum free form which menas that word is the smallest which can be used alone to constitute a sentence or utteranice"jedha.*

Hartmann (1972:256). Dabalaatan yeroo ibsu."Yaadni kun kan dubbataan Afaan tokko hiika jecha afaanichaa keessatti argamu haala salphaan hiika isaa dhimma kamiin akka bakka bu'u ni beeku. Garuu qaama saayinsii jechatti hiika laachuun barnoota akka barbaachisu ibsa".

Waraqaa qorannoo irraattis waay'ee kana ilaalchisuun Ziiyaad (2003:6). dhimma kana yoo ibsu akkas jedha: “Hiikni jecha dubbataa afaan dhaloota isaa sammuu keessa kan jiru akka ta'eedha. Akkasumas, gama xiinqooqaan jechi qaama xiqqaa afaanii ta'ee qindaa'ina sagalee irraa kan uumamuufi kophaa isaa ergaa dabarsuu kan danda'uudha” jedha. Dubbattoonni afaan dhalootaa hunduu kan afaanicha barreesuu  dandaaniifi hin dandeenyes haala walii galaan yoo ilaalaman, maalummaa jecha afaan sanaa asii namni itti hin himin beekuu danda'u. Haatu'u malee, jecha akka qaama xinqooqaatti hiikuun rakkisaafi dhimma marii barbachisuudha.

### 2.6.2. Fayyadama Jechaa

Damee qo'atu jechuudha. Kunis kan ibsu barreeffama tokko keessatti duraan durse jecha yoo jennu qaama afaan tokkoo ta'ee, walitti qindaa'ina sagalootaa yookiin birsagoota irraa kan uumamuu fi ergaa guutuu dabarsuu kan danda'uudha.

Gama biraatiin, fayyama jechaa yoo jennu akkaataa ubarreessaan barreeffama isaa keessatti jechaa akaakuu jechoota barreessan itt ifayyadame irratti kan xiyyeeffatuudha.

Dabalaatanis, fayyadama jechaa jechuun bakka jechi gaaleen yookiin yaanni tokko afaan keessatti itti tajaajilu jechi nuti fayyadamnuufi barreeffama biroo keessatti jechi nuti dhimma itti baanu garaagaraa ta'uu danda'uu isaati. Fakkeenyaaf, jechi barreeffama idilee keessatti fayyadamnu, jechoota idilee yookiin hiika kallatti qaban yoo ta'u, barreeffama alidilee yookiin ogbarruu ta'e keessatti garuu, jechoota alidilee yookiin hiika alkallatti qabanitti fayyadamna. Akkasumas, fayyadamni jechaa damee waa'ee caaslugaa qo'atuufi haala itti fayyadama jecha tokko irratti xiinxala gadi fageenya qabu taasisuudha. Yaaduma kana kan deeggaru, intarneetii maddii isaa, en Wikipedia Org/wiki/word usage ta'e, maalummaa fayyadama afaanii akka armaan gadiitti ibsa. “Word usage studies where a word, phrase, or concept is used in a language. Lexicographers samles of written or spoken instances where a word is used. Word usage may also involve garammar and thus the subject of profound analysis” Jedha. Akka yaaxxina kana irraa hubatamutti bakka jechi tokko barreeffamoota keessatti ittitajaajilu beekuuf, namoota galmee jechaa qo'atan gaafachuu kan dandeenyu ta'uu isaati.

### 2.6.3. Faayidaa Jechaa

Jechi walqunnamtii namoonni jireenya isaanii keessatti taasisanii fi ergaa barreeffamaan walii dabarsan keessatti faayidaa olaanaa qaba. faayidaa jechaa haala armaan gadii kanaan kaa'a:Jechi bakka duwwaa irra kan jiraatu miiti. Innis, adeemsa namoonni walqunnamtii taasisan, dubbisaniifi baratan keessatti bu'aa qaba. Kanaafuuu akka barreessaatti jechoota fayyadamuun hiika sirriifi bu'aa isaanitiif waan ta'eef, of eeggannoon ni barbaachisa .Troyka ( 1987:371).

Asirraa kan hubatamu, faayidaan jechaa guddaa akka ta'eef barreessaan faayidaafi hiika sirrii jechaa irratti bu'ureeffatee fayyaddamuu akka qabudha.

> *Faayidan jechootaa filannoo jechootaa gaarii irratti hundaa'a. Jechoota fayyadamuun baay'innaan filannoo gaarii irratti hundaa'a. Yeroo tokko tokko filannoon jechootaa sirrii yookiin dogongora ta'a. Garuu, yeroo tokko tokko immoo bifa gaarii ta'eeni. Kaku'uumsi dhimma barreessituufi dhaggeeffattootaaf qabu, akkasumas haalli keessa taatee barreesitu, filannoo jechootaa keetif gahee qabu Troyka. (1987:371).*

Kana jechuun gahee jechooni ergaa dabarsuu keessatti qaban filannoo barreessaa irraatti kan hunda'u akka ta'eedha.

### 2.6.4. Jechoota Loogaa

Looga jechuun unkaa afaan tokko kan kutaa biyya afaanichi keessatti dubbatamu keessa iddoo tokkotti tajaajiluudha. Kitaabni Dictionary of Language and Linguistics jedhamu haala armaan gadiin kan ibasmuudha. "Loogni sababa haala teessuma naannoo yookiin hawaasaa irraa kan ka'e gosti afaanii garaagaraa kan afaan waalakaa haawasichaa irraa haala sagaleessuu, caaslugaafi hiikaan garaagarummaa qabu uumamuudha. Garaagarummaan jiru sagaleessuu qofarratti yoo ta'e, looga osoo hin taane akkaataa dubbii jedhama" Hartamann (1972:65). Dhimma kana yoo ibsu; "loogni sababa hawaasani afaan tokko dubbatu lafa garaagaraa irraa jiraachuu irraa kan ka'ee kan uumamuu fi garaagarummaaan mul'atu kunis caaslugaa fi hiika irratti akka ta'eedha"jedha.

Jechoonni loogaa barreeffama akka asoosamaa keessatti tajaajila ni kennu. Kun immoo barreessaan haala jireenya qooddataa (character) looga naannoo sanaan dubbisa. Kanaan waalqabasiisee maalummaafi faayidaa isaanii Harry Shaw haala kanaan yoo ibsu.

> *"Loogni afaan aanaa, kutaa yookiin garee namoota muraasaa ta'ee, kan sagaleen, caaslugnifi filannoon namoota itti fayyadamanii isaan biroo irraa haala teessuma lafaan yookiin hawaasummaan adda bahaniidha. Malli guddaan amaleessuu (characterization) keessatti fayyadu, barreessaan seenaa asoosama keessatti nama naannoo tokko fudhachuun dubbisiisee: haala barumsaa, hawaasummaafi teessuuma naannichaa mul'isuudha". Akkasumas, barreessaan asoosamaa yookiin diraamaa tokko jechafi dubbii qooddataa kennuudhaan dhugummaa looga sanaafi naannoo walqabsiisa.* Harry Shaw (1972:113).

As irraa wanti hubatamu, loogni ummatni tokko dubbatu haala jireenya ummata sanaa, naannoo isaanifi sadarkaa barumsaa hawaasichaa mul'isuu akka danda'uudha. Akkasumas, naannoo sanaa jechoonni sun akka agarsiisan godhuu qaba. Jechuma kana (Looga) pearce haala kanan kaa'a.

"Loogni afaan murtaa'e tokko kan hawaasan garaagarummaa adda ta'e agarsiisudha. Akkasumas, loogni sababa teessuma lafaan gaarreen, laggeennifi garbaan; dhiibbaa hawaasaan (gosa, sanyii, amantiidhaan) uumamaan irraa ummata afaan tokko dubbatu keessatti ijaaramudha. Loogni hunduu gama xinqooqaatin qixxee kan ta'eefi kamuu kam kan hin caaledha. Garuu, gama ilaalcha hawaasaatin walqixxummaan loogaa akka hin jirretti kan ilaallamuudha" Pearce (2007:53). yemmuu ibsu," loogni sababa dhiibbaa garaagaraa irraa kan ka'e hawaasa afaan tokko dubbatu keeessatti akka uumamuudha".

### 2.6.5. Jechoota Ergisaa

Hawaasni afaan tokko dubbatu sababa adda addaaf ummata afaan biroo dubbatu walitti dhufeenya ni taasisa. Walitti dhufeenyi ummataa kun immoo akka jechoonni afaan tokko irraa gara isa birootti ergifamu taasisa. Keessumaayyuu bara saayiniisfi teekinolojiin babal'achaa deeme kanatti, ittiin beekamaa deemu. Haalli kun immoo jechoonni ergisaa afaan tokko keessa akka seenan taasisa. Hartmann maalummaa jecha ergisaa haala kanan kaa'a. Ergisni adeemsa jecha uumuu ta'ee, kan jechi yookiin gaaleen afaan tokkoo irraa gara isa birootti gargalfamuudha.

Ergisni bu'aa afaan lama dubbachuu irraa argamu, jijjirraafi adeemsa afaanonni waalqunnamaniiti. Hartmann (1998:16). dhimma kan yoo ibsu.“Ergisni afaan yookiin looga afaan biroo fudhachuudha.Kunis adeemsa walitti dhufeenyafi akkeessu keessa kan uumamuudha.Yeroo tokko tokko jechoonni ergifaman caasaa sagalee afaan maddaatin dudhatamu. Garuu yeroo tokko tokko jechoonni kunneen haala seera caasaa sagaleefi dhamjechaa ergifatuu guutun kan fudhatamaniidha” jedha. jechooni ergisaa looga afaan biroo irraa gara afaan tokkootti kan fudhatamaniidha. Jechoonni kanneen yeroo fudhataman bifa caasaa afaa irraa fudhaatame qabataniiti. Haat'umalee, jechoonni kanneen afaan ergifate keessa galanii yoo tajaajilan, bifa caasaa ergifatee qabachuun irra jiraata”jedha.

## 2.7. Jechoota Tiishoo

Jechoonni tiishoo jechoota hiika qaban lama walitti fiduudhaan jecha hiika of danda'e tokkoofi tokkoo ol qabu irraa ijaaruu jechuudha. Jechoonni kuniis afaan oromoo keessatti haala lamaan ijaaramuu danda'a. Isaaniis, sarara xiqqaan waal qabsiisufi walitti siiksuun barreessuudha. Sarara xiqqaan walqabsiisuu yommuu jennu, jechoota lamaan gidduu sarara xiqqaa galchuun walqabsiisuu jechuudha. Fakkeenyaaf, qub-lameen kan jedhu jechoota lama qubafi lama jedhu irraa walitti dhufuun kan ijaarameedha.

### 2.7.1. Hiikkaa Namfakkii

Namfakkiin namoota hojii ogbarruu asoosama kessattii nama fakkatanii hojii asoosama tokko kan rawwatanidha. Akkumaa dhalaa namattii gochawwaan dhalii nama rawwatuu fi dhalaa nama irrattii raawwattamuu kamiyyuu fakkataanii kan kalaqamanidha. Hayyuun Glencoe (1991:67) dhimma kan yoo ibsuu “character is aperson in story when we read astory,we be come aware of the personality of each important character” jechuun ibsa. Akka yaada kanarraa hubanuuttii namfakkiin namoota seeneffama kessattii argamaanidha.Yoomu seeneffamichaa dubbisnuu kan wa’ee enyumma fi barbaachisumma isaani hubanuudha.

Dabalaatanis Beverly (2002) dhimma kan yoo ibsuu “Character are the actors in the story. They can be peoples , animals, robots or what ever the writer choose “jechuun ka’a. Akka yadaa kana irraa hubanuuttii nam fakkoonii tatoota seeneffamaa kessattii gahee taphatanidhaa. Isaanis namoota,bineensotaa fi robootii yookan wantoota barreessan filatee kamiyyuu ta’uu danda’a. Walumaa galaatii namfakkiiwwaan asoosama kessattii argamaan calaqee namoota dhugaadhan

addunyaa kanaarra jiraanitii. Kana jechuun jiruuf jireenyaa fi bu'aa bahiin ilmaa nama hundii asoosama kessattii calaqisifamuu wan ta'eefidha.

### 2.7.2. Namfakkeessuu

Asoosan tokko yoommu namfakkota kalaqee hojjii ogbarruulee dalagsiisuu namfakkeessuu jedhama. Hayyuu Cosmof (1991) dhimma kana yoo ibsuu "ogbarruu kessattii namfakkeessuun hikkaa lama qaba.Tokko namfakkeessuun amala namfakkittii kan jedhu fi lamaffaa immoo karaa barreessaan amala namfakkiwwaan ittin agarsisuudha"jedha. Dabalataa hayyuun biroo yoo ibsuu namfakkeessuu "Characterization is the manner in which writter developes the character in story is called characterization authors characterize in several ways. A narrator may describe each character at length as he or she introduced" jeedhet ibsa. Akkaa yadaa armaan olii kanarra hubanuuttii namfakkeessuun karaa bareessan namfakkii isaa seenichaa kessattii ittin guddisudha. Barreessan tokko namfakkotaa kan kalaquu yookan umuu ,akkasumas kan wa'ee isaani ibsuu ,karaalee dhabbanaa qamaattin,gochaa namfakkotaan ,jeechaa fi mirra isaanin,ibsaa kallattii seenessa wa'ee namfakkotaa ibseen ,akkasumas miraa fi jeechaa namfakkota biroon akka beekamuu yaadichii nu hubachisaa. Walumaa galatii Peterso (1994:14). yemuu ibsuu akkas jedha "namfakkeessuun kan qacceeffamuu walitti qaba yookan muraasa kanneen akka dhabbanaa qamaa, hawaasa namfakkota, wa'ee namfakkotaa irrattii hasaa namoonii biroo tasisan irra akka ta'ee" ni hubanna.

### 2.7.3. Karaalee Namfakkeessun umaman

### 2.7.4. Namfakkeessuu kallattii

Malii kun malaa namfakkeessuu kessa tokko ta'ee karaa wa'ee namfakkotaa barreessaan asoosamichaa yookan namnii maddii isaanii dhabattuu kallattiidhumaan kana jechuudhan kan nuf himuudha. Kanaa jeechun namfakkiiwwaan kunnin mal akka fakkatan ,mal akka yadaan kan nutii odeessu barreessichumaa mata isaattii jechudhaa. Dheeriinaa hojjaa,ifinaa fuula, dhabbii qamaa, gadda isaan kessa jiraan, gammachuu isaan kessa jiraan, fedhii fi hawii namfakkoota hundaa kan nutii himuu barreessadha.

Hayyuun, Beverly (200:406). Dhimma kana yoo ibsuu "In a direct characterization a writer makes direct statement about a characters personality" jeedha. Yadnii kunis namfakkeessuun

kallattii kan barreessaan ibsaa allattii wa’ee namumma namfakkii isaa ka’uudha jedhaa. Akkasumaas Elzabeth (1981:39) haala kanaan yoo ibsituu “Authors use direct characterization when they make direct statements about their characters personality we can accept as the truth an authors direct that characters is gentle or intelligent” Jechuun kessii. Kunis kan fayadaaman yeroo wa’ee namummaa namfakkii isaanif ibsaa kallattii kenanidha. Ibsaa kallattii barreessichii namfakkif kenuu kana irrattii hundofnee namfakkiin kun laafaa yookaan cimaa jechuun akka dhugaattii fudhaachuu dandeenyaa.

### 2.7.5. Namfakkeessuu Alkallattii

Mallii dhiyeenyaa kun immoo namfakkotaa gochaa isaaniitin ibsaa mala kana kessattii namfakkonii gochaa rawwataniin mul’ataan isaan hubbana. Kana jeechuun namfakkiin amala,halaa jireenyaa, ilaalchaa yadaa, amantaa fi walittii dhufeenyaa namfakkiwwanii biroo waliin qabanis madalamuu. Halaa kanan barreessichii akka namoota dhugaadhan addunyaa kanarara jiranittii gochaa adda adda rawwachisaa, Dubbistoonii dalagaawwan yookan gochawwan isaani kanarra ka’uudhan wa’ee, malummaa, amala, bifa fi halaa namfakkonni keessa jiran irraa kan nuhubachisuudha. Zarihuun (1996). yoo ibsu “namfakkeessun alkallattii namfakkoota gochaan agarsisuudha”. Namfakkota amala, hasaa, yadaa fi ilaalchaa, akkasumas hariiroo namfakkiwwaan birroo waliin qaban isaan hubachuu dandeenyaa. Kana jeechuun amala isaani basee agarsiisuun miraa keessa namfakkiichaa hasaa fi gochawwaan nam fakkichattin dubbistoota hubachisa jedha.

Waalumaa galattii nam fakkeessuun al kallattii kessattii umaman ofi isaanittii basanii agarsiisuu osoo hin tanee gachaa, hasaa, akkasumas hariiroo waan namfakkonnii walii isaanitif qabanin isaan mul’isuu haala kanan barreessaan haala jirruuf jireenyaa namfakkotaa gochawwaan isaan guyyaa guyyaattii rawwataan, yadaa isaan wal irraattii kenanin isaan ka’a. Namoota addunyaa haqaa kessa jiraan fakkeesse isaan uummaa jechuudha.

# BOQONNAA SADII: DHIYEESSA, QAACCESSAFI HIKKAA RAGAALEE

Boqonnaa kana kessattii itti fayyadanma jechootaa fi namfakkeessuun asoosama Imaanaa Imaltuu kessattii halaa dhabbana qamaa, halaa amala isaanii, sadarkaa jireenyaa isaanii fi gochaa isaan rawwatanin asoosamichaa kessattii mul'atan qacceessee ragaa waliin ka'eraa.

**3.1. Seenaa Gabaabaa Asoosama Imaanaa Imaltuu.**

Kuluuleen intalaa qarroo dhabeettii kadhaan bultuu magaalaa gimbii kessa jiratuu fi gabaa malifuu kusaa midhaani tokko jala bultuudha. Galgaala guyya tokko namaa enyummaan isaa hin beekamneen gudeedamtee dadhaabbiin garaattii hafee.Guyyaa muraasan booda mucaa kennaa jedhamuu dessee. Kenna jechuunis rakkinakoo har'aa ilalee kennaa rabbii naf Kenne dabarsee ormaaf hin kenu jete kuluuleen" Kennaa" jetes maqaa mogastee.

Gara birramoo kennaan mucaa kuluuleettii.Kennan dhalootummaa isaattii kasee jireenyaa hiyyummaa kessattii dhalatee kan guddatedhaa.Kennan ergaa of barees hadhaa Isaa qarroo ta'ee ulee qabeefi duraa adeemee karaa agarsiisa turee.

Kennan yeroo waggaa torbaa guteetii akkumaa durii harmee isaaf utuu ulee qabee garaa magaalaa kadhaaf deemanii baratootta huccuu mana barumsaa uffatanii, qalamaa fi dabtaraa isaanii qabatanii garaa mana barumsaa deeman argee sammuu isaattii wa'ee barumsaa yadee .Guyyaa halkaan saana yadaa busee basaa osoo jiruu yadaa tokko argaatee.Innis dalagaa dalagee, mana barumsaa galee boruu karaa ittin hadhasaa nama gochuu danda'uu abjotee.Kunis osoo hi  turiin milka.eef. Kennanis dalagaa lestiroo osoo hojettuu mana barumsaa Adventisti gimbiitii barachuuf Carraa iskolar shippii argateera.

Kennan abbaa isaa dhalchee waan hin beeknef kennaa kuluulee jedhamee wamama ture. Guyyaa wixaata hangaa jimataa oso lestiroo isaa hojeettuu barachaa ture .Garu guyyaan sanbataa Guyyaa addattii guyyaa  waqaaf qodamee wan ta'ef Kennan dalagaa hin dalaguu,nyataas hin nyatuu waan hundaa lagaatee waqaan guyyatii kadhatuudha.Yeroo kutaa sagaal gaheettis barattota muraasaf qayyabachisaa mana manattii ta'e ji'attii mindaa hojetootaa tokko ol argachuttii jalqabee.

Kennan qormataa kutaa kudhaa lamaffaa fudhaachuf yeroo ji'a'a sadii hafeettii harmeen isaa dhukkubba fayyuu hin dandenyeen jala dhukubsate.kennanis hangaa humnasa osso hiqusatiin harmee isaa yalsisa ture , qabenyaa horatee hundaa ergaa of harkaa fixee turtii torbee lama boda

kuluuleen ni dute. Guyyaa awwalchaa isheetii namoota murasaan reefii ishee hordofamee bataskana maramitii awalamtee.

Kan biroo intalii Amiinaa jedhamtuu magaalaa gimbii kessattii abbashee Hajii nuree fi hadhashee Added muniraa giddudhaa kan dhalatedha. Matiin ishee qabeenyaan beekamodha. Barattoota Kennan manattii barsiisuu kessaa Amiinaan ishee tokkodhaa.Amiinaan kennattiin yeroonnii kophee qulqullessu irraa  kastee jalala isaatiin qabamtee turte. Kennan sababa gaddaa irraan kanka'een sagaantaa qayyabachisuu isaa addan kutee. Amiinaanis malif akkaa addan kutee hiriyyaa kenna kan turee Qananidhaan gafatee, innis waan ta'e hundumaa itti himee.Amiinaanis garaa awwalchaa deemtee, kennadhaf midhaani fi bishaan gessitef. Achumaanis iddoo awalchaa dhabbatee kennadhaf wadaa hadhumaa seentef. Guyyaa gafaasii kasee jalalii kennaa fi Amiinaa daraan halaan  dabala dhufee.

Kennan barnoota isaa kutaa kudhaa lamaffaa xumuree yunivarsitii finfinnee kiloo shaanittii barataa farmasii ta'ee barachuu egalee,Amiinaanis yunivarsitii kollejjii wastarnii kampasii gimbitii barattuu kilinikaa narsiingii barachaa jirtii. Sababaa barattan Oromoo kampasii kennafattii du'eef barattonnii mooriichaa koomii kasanii turaan .Achii kessas Kennan isaa tokko turee.Guyyaa gafa sana kennanis shakamaa ta'udhan hiriyyotaa murasaa fana mana addabatii gefamee.

Obboo Hajjii Nuree yookaan abban Amiinaa jalala kennaa fi aminaa addaan kutuuf jedhaani utuu inni mana hidhaattii hin gadhifamin intalaa isaani biyya alattii erguuf turan.Garuu Amiinaan kenna malee kennaanis Amiina male jirachuu hin danda'aan turaan.

Mucaan jafaar jedhamuu biyyaa Ameerikaa waggaa kudhaa afur turee dhufeedha.Innis nama biyya isaa fudhuu waan  barbadeef obboleettin isaa jituu nama jedhamtuu argiteef.Kunis sababa amantii irra kanka'ee jafaar fi jituun wal hin fudhiin hafan.Jafaar Amiinaa fudhuuf turee Amiinaan garu kennattii malee  enyuutu herumuu hin barbaduu.Obboo hajiin mala dhahaatanii jarsolii olaasani walin mari'atanii akka isheen jafaratti herumtuuf akkas  jedhan namota sadaan kessa isaa tokkotti uffata gadda uffisaannii  utu kara deemu adde muniraan argaanii maltuu  ta'e jete yeroo gafatutii kennattuu mana hidhaatii of gaguree jedhe. Amiinaan dhageessee nasuudhan qabamtee turti bodaa ni dutee. kennanis yeroo mana hidhaatii bahuu du'aa Amiinaa dhagahee innis of gaguree. Jituunis sababa guyyan ga'ilaa ishee hafuu dhagessetii yokan yeroo laliseen itti

bilbiltuu nasudhan qabamtee dutee. Guyyaa cidhaa Jituu kan turee guyya gaddaa isheetuu rawwatame.

Jafaaris halkaan guyyaa tokko utuu qarshii bafaachuuf bankii deemu halkaan nama hin beekamneen ajefame.Namnii of ajeesse lubbuun isaa janataa hin seentuu . Garruu Amiinaa fi Kennan duraattis amantan isaanii jalala wan tureef du'aa isanitti duraa bay'inaa cubbu isanii sammunattiin lolla'atanii miccataan.

### 3.2. Qaacceessaa Waa’ee Jechootaa Asoosamicha keessatti.

### 3.3. Jechoota Afaan Oromoo afaan Ingiliziin liqeeffate

- Yuuniversiitii (71)
- Kaapaasii (65)
- Dodirantii (66)
- Kilinikaa (71)
- Minisitirii (71)
- Kolleejjii (71)
- Semisteerra (75)
- Maraatoonii (96)
- Hospitaala (3)
- Ministirii (71)
- Ispeeshaalistii (3)
- Iskolaar shiippii (29)

Jechoonni afaan Ingilizii irraa ergifataman kun afaan Oromoo keessatti qofo otoo hin taane afaanota biyya keenyaafi alaa hedduu keessattis ergifatamanii kan tajaajilaniidha.

### 3.4. Jechoota afaan Oromoo afaan Amaaraa irraa liqeeffate

- Gaadamii (45)
- Minaminii (31)
- Haspalitii (3)

### 3.5. Jechoota Afaan Oromoo afaanoota garaagaraa irraa liiqeeffate.

- Kiristoos (49)
- Paantii (35)
- Goontaanaamoo (55)

Jechoonni kanneen jechoota afaan Oromoo afaanota garaagaraa irraa fudhachuun itti fayyadamaa jiruudha. Jechoonnni kun afaan Oromoo keessattiis kan itti fayyadamaniidha. Kanaafuu barreessaan asoomicha kanaa jechoota kanneen haala kanaan itti fayyadamuun isaa cimina isaati.

### 3.6. Qusannoo Jechootaa

Wanta barreessaan tokko hojii kalaqaa keesstti ittiin beekamu keessa qusannoon jechootaa isa tokko. Kana jechuun barreessan wanta barreesse sana keessatti jechoota bay'isuu osoo hin ta'in jechoota humna qabaniifi nama hawwachuu danda'a fayyadamuun barreesuu qaba. Yeroo kanaas hojiin kun yaada mi'aawaafi ergaa gaarii dabarsa. Barreessaan jechoota muraasaafi filatamoo ta'an hin fayyadamne taanaan sadarkaan dubbifamuu isaa gad aanaa ta'a.

#### 3.6.1. Jechoota Tiishoo

Jechoonni tiishoo jechoota jechoota hiikaa qaban lama walitti fiduudhan jecha hiika qabu tokkofi baay'achuu yookaan dandachuu danda'u uumuu jechuudha. Jechoonni tiishoo tooftaa lamaan ijaaramuu danda'au.isaaniis tokko sarara xiqqaan walqabsiisuufi walittu siiksuun barreessuudha.

- Fuul-duraaf (9)
- Gara-jabina (18)
- Gar-malee (5)

- Mil-jala (59)
- Gar-duuba (61)
- Kudha-lama (71)

### 3.6.2. Walfakkii Jechoota

Jechoonni akkuma haala galuumsa isaaniitiin iddoo jechi tokko bu'u jechi biraa bu'uunn hiika walfakkaataa waliif kennuu danda'u. Jechoonni kuniis uunkaan walfakkaachuu baatan illee hiikaan kanneen walfakkaataniidha. Barreeffamoota ogbarruu tokko tokko keessatti jechoonni akkanaa kunniin walitti aanuunn hammatuu keessatti yookaan saraara habalakaatiin godhamanii kanneen barreeffamnii arganiidha. Haata'uu malee jechoonniin iddoo isa tokko inni tokko hiika kennuu kanneen danda'anii fi bakka waliif bu'uu jechoota danda'aniidha.

### 3.6.3. Jechoota Loogaa

Jechoota loogaa baay'inaan afaan tokko keessatti tajaajiluu dhiisuu danda'u. Jechoonni kun baayinaan iddoo murtaa'e fi namoota murtaa'e biratti kan tajaajilanidha. Walitti dhufeenyai jechoota kanaa jecha waaltawaa yookiin looga waaltawaa uuma. Asoosama kana keessatti jechoonni akaakuu kanaa kan argaman yoo ta'u, isaaniis akka itti aanutti gabateen argarsiifamaniiru.

**Gabatee Jechoota Loogaa**

| lakk | Jechoota loogaa barreessaan Itti fayyadame | Iddoo itti dubbatamu | Looga waalta'aa isaa | fuula | keeyyata |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Uccuu | Shawaa | Huccuu | 63 | 2ffaa |
| 2 | Sheexanaa | >> | Sheexanaa | 68 | 4ffaa |
| 3 | Charraa | >> | Carraa | 67 | 4ffaa |
| 4 | Afoosha | >> | Iidirii | 155 | 1ffaa |
| 5 | Koosoo | >> | Heexoo | 161 | 3ffaa |
| 6 | Qaqawweessaa | >> | Balaqeessaa | 18 | 2ffaa |
| 7 | Dumbulloo | >> | Dumbulloo/saantiba shan | 9 | 1ffaa |
| 8 | Abukaakee | >> | Waccuu/sobdu | 127 | 3ffaa |
| 9 | Qalqalloo | >> | Qalqalloo | 60 | 3ffaa |
| 10 | Jiijjii | >> | Jijjiiramaa | 92 | 2ffaa |
| 11 | Limixii | >> | Dukana jabaa | 168 | 3ffaa |
| 12 | Siqatanii | >> | Fagaatanii | 155 | 2ffaa |

### 3.6.4. Qaaccessa Waa’ee Namfakkiilee Asoosama Imaanaa Imaltuu

## 3.7. Namfakkeessuun Halaa dhabbii Qamaa isaanitiin

Halaa dhabbii qamaa kan jedhamuu namoonnii mal akka fakkatan mul'annii qamaa isaanii namoota addunyaa dhugaa kana irra jiraanin walittii dhufeenyaa akkami akka qabu umee kan nu dhiyyeessuu barreessaa asoosamichattii Kunis karaalee namfakkeessuun umamaan kessa isaa tokkodha. Halii dhabbii kun wan hedduu of kessattii hammata. Kunis, ifinaa fuulaa, halaa uffaana, bareedinaa qamaa, halaa adeemsa, qal'inaa fi fudiinaa fi kan kana fakkataan of kessattii qabata. Kunis namfakkeessuun kallattiidhan akka ilalamu boqonnaa darbre jalattii ilaleera.

### 3.7.1. Kennaa

Barreessaan asoosamichaa halaa bareedinaa kenna akkumma namoota addunyaa kanarra jiranittii lubbuu itti horee midhagsee halaa dubbistoota harkisuu danda'uuttii isaa bocee. Akka umeettis gahee isarraa egamuu taphatera. Barressichii kan isaa bocees karaa namfakkeessuu kallattidhaa.Sababin isaa ofumaa isaattiin halaa bareeddinaa kennaa waan nutii odessuuf.kanaf ragaa kitabichaa kessas akka armaan gadiittii ilalaa.

> *Isumaa dhalatuu lucca'aa rifeensaa dugdaraa tulatte garaa hadhaa ba'ee. harmaa hadharaa oljedhee, ijawwaan isaa lachaan nyaraa gobbuu walitti bu'oo sana jala da'aatanii hubbatee akka nama guddaa gafa nama ilalu akkatan ilalchasaa xiyyoo rajjii -alaa ta'ee fooni fi dhigaa akkasumas lafee kessa darbee kessa sakatta'ee agree kessa da'oo lapheettii kan dhooksaa yadaa nama dubbissuuf, humnii adda tokko kenameef fakkata sinboon isaarraas akka ulfinaa motii nama rifasifata.* Abrahaam (2018:2).

Halaa kanan barressichii kallattidhaan isaa umee bareechee baredinaa namoota addunyaa dhugaa kenneefii dhiyyeesse.Kunis walitii dhufeenyaa namfakkonnii addunyaa asoosama kessattii argaamani akka bakka bu'aan kan agarsiisudha. “Lucca'aan rifeensaa mataa isaattii qarabaan hin bunee akkuma kan samsonnnii dubaan goranii gafaa ilalan sha maree hindii fakkata, solana,bocnii fuulaasa akka bocaa onnee gararaan bal'atee dhiphata gadii bu'aa” Abrahaam (2018:34) Barreeffama armaan olii irra kan hubannuu barressan asoosamichaa kennadhaf Lucca

rifeensaa isaa kan samsonitti, akkasumas fuulaa isaa bifaa onneettii fakkessee namoota addunyaa dhugaa kana irra jiraan fakkesse isaan umee.

### 3.7.2. Lalisee

Handhurii bolla'ee, mo'oon mo'oo saree, mudhiin mudhii harree, sarbaan dibichaa gabaraa kan qotee hin argiin! Harma ishee jigaa harma qabduun utubdee dhabdee gontotomsuuf jenaan gontotomu dide sana ba'an ba'an isaa itti ulfaattee, gafa adeemtuu fuldurattii akka gugufu tate, nama argeef fardeen shawaa warra xirqananii gaarii goototuti jiran fakkattii. rifeensaa nam umeen ishee fote-fote dugdarrattii batumoo egee fardeen sanatii fakkeefama. Nyaraa qal'istee hadee cilee dibdeettii. Nyaraa hadatee qalama dimaa, ishee hidhitii boxxattee saree sorobduu lagaa qalii batee dhigaa dhugaa oolte galtuu qalamaa qensaa gurrachaasheen qeensawwan qubpota harkaa ishee lachaan dibatee, xibiruu bifaashee waliin wal sime hidhishee isaa ta'aa jaldessa fakkatuu sanan. Abrahaam. (2018:95-96) Yadaa armaan olii kanarraa kan hubannuu barressichii karaattii dubbisaan lalisee hubbachuu danda'uu yokan baruu danda'i karaa suuraa sammu namaa kessattii umuun ishee boceera. Furdinaa, rifeensaa, akkataa deemsaashee fi kankanaa fakkataan hundaa halaan umeera. Namnii akka lalisee ammas jirachuu ni malti.

### 3.7.3. Kennaa

Ani qilleensaa ofiin jedha. "Enyumman koos, seenaan koos qileensa. Qileesii balaa rasaa malee essaa ka'ee fi garamitti akka qileensa'uu hin beeku. Annis jirachuuko malee achii dhufatikoo fi fufinsaa hiddaa latiikoo hin beeku. Nama ta'een dhaladhee, qileensaa ta'ee jirachuunkoo isin hin gadisisuu"?. Abrahaam (2018:141).

Yaada warabbii armaan olii irraa barreessan asoosamichaa yeroo innii kennattiin bakkaa qileensaa busee yokaan qileensattii fakkeessee barresse argina. Gamaa biraanis yeroo inni firii mukaa fi qileensattii fakkassee kennadhan kalaqee ragaan kun dhugaa nuf hima.

### 3.7.4. Jafaar

"Harii mataasa qalamaa gurachaa dibee googaa fulasaa shun nturuu jalqabe dibataan dhisee.suura adobeen midhagsee ergeef irraattii jafaar dargaagessa dhigaa danfaa fakkata ture" Abrahaam (2018:133). Barreessaan asoosama kana jafaar mal akka fakkatuu fi umuriin isaa

akka dullomee kan nutii himudha. waantoota garagara ofitii ida'uun garuu Jafaar ijollee yookan dargaageessa fakkesse kan kalaqeedha.

### 3.7.5. Amiinaa

“Dimtuu biluu akka goraa bilchaatee; qal'oo qal'oo  mudhii simboo qabeettii dhabbii toltuu walumaa galatii nama irraa dhalatee osoo  hin tanee olii kan ergamoota waqaa kessa tokko” Abrahaam (2018:157).

Barreessan kun bareeddina Amiinaa akka garaa nama rasuuttii hangaa isheen bareeduu oliittii midhagsee,kukulee kan barreesseedha. Amiinaan nama dhalatee osoo hin tanee  olii kan dhuftee ergamaa  waqaa kessa tokko.kunis bareeduun akka Amiinaa lafa kana irra kan hin jiree ta'uu nuf hima. Amiinaan nama malee ergaama miti. Midhaginaa Amiinaa kan itti fakkessu dhabbeti male. Barediina ishee goraatii,qal'inaa ishee soonsattii fakkeessee kalaqeraa.

## 3.6. Namfakkeessuu Karaa Amalaa Isaanittiin

Namfakkota amala isaanitiin ibsuun alkallattii kessaa isaa tokkodha. Barreessan asoosamichaa namfakkota isaa akkamitii akka amala namfakkessuu kenne fi halaa kamiin akka ibsee ilala.Kunis namfakkin kun amalaa garii qaba, kun immo amala gadhee qaba kan jedhu hundaa basee kan agarsiisu barressaa asoosamichattii.

### 3.6.1. Kuluulee

“Hamaam ha rakkatu, hammam ha kadhatuu; hamamis jamaa yoo tate,hatnii hadhaa, dhaliis dhalaa, dureessa ,deegaa Kennan fudhataa. Adii gurachaa jedhee hin fo'uu garaan hadhaa garuuma hadhatii garaan dhalas akkasuma” Abrahaam (2018:6).

Yaada armaan olii kanarraa kan hubbanuu yeroo kuluuleen Dr. Dorombeedhaf kenna kenuu fi didee arginaa. Kana males garaan dhaala gurama dhaalattii garaan hadhaas garumaa hadhatii. Hatii dhaalaf garaa lafeettii ta'uu hubbanna.

### 3.6.2. Amiinaa

“Kunuunsaa akka maleen qanaanisifamtee waan guddateef xiqoo waa mufachisuun argamee yookan immo dhagessee akka da'imaa daftee dalantii” Abrahaam (2018:46).

Barreessan asoosama kana amala Amiinaa da'imaattii fakkeessee ibsera. Amiinaan qanaanidhaan waan guddattef namnii waan tokko isheetii dubbatee daftee dalanuu yookaan aruun amala isheetii. Kanafuu barressan kun akkumaa addunyaa dhugaarra jirtuu fakkesse umera.

### 3.6.3. Hajii Nuuree

Hajii Nuuree namfakkii asoosamichaa kessa isaa tokkodha. Umuriin isaanii mana waggaa jatamaa walakessaniruu. Hadhaa mana lama fi ijollee sadeet qaba. Warraa isaanif tokkichaa ilmaattii. Akkasumas maattii of ga'oo keessaa waan dhalatan fakkata....

> *Ijollummaa isaanirra egalanii kanan jedhee ta'uu malee jechuu bay'isu xiqqii jalatuu. "Amalii kun ammumalee darbee darbee isaan irraa ni calaqisaa. Hajii Nuureen, dargaagummaa isaanii irra egalanii yeroo hedduu dubartiin hamatamuu. Amaantii isaanitifis hangana amanamoo hin turee egaa fudhannii mana dhabatanilee hadhaa warra isaanii irrattii ala alaan ilaluu turan". Hajumma booda garuu amala isaanii booda sana dhisaanii ga'ilaa fi amantii isaanitif amanamani buluu jalqabaan Abrahaam (2018:47-48).*

Yadaa armaan olii kanarra kan hubannuu Hajii Nuree amala gadhee yookaan amala badaa qabachuu isaa hubanna. Barreessaan kunis wanumaa dhugaa sammuu nama harkisuu danda'uu fakkessee amala Hajii Nuree nuf barressera. Kan akka Hajii Nuree har'aas addunyaa dhugaa kanarra hin jiruu.

### 3.6.4. Amiinaa

Daa'imaa tatee utuu jirtuu umamashee ta'ee garaa nama gaddu fi hafuraa nama ho'uu qabdii. Keessattuu hiyyessotaf garaan ishee akka malee rafama. Kanafuu namnii akka Amiinaa addunyaa dhugaa kanarra jirachuu hin oluu. Amiinaatti lubbu godhee kan isheen qabdudhaa armaan olittii midhagsee akka amma addunyaa dhugaa kanarra jirtuu fakkeessee kalaqera.

### 3.6.5. Gammachuu

"Akka daa'imaatti bo'uu egalee. Hin bo'in male ati ilmoo dhiraati miti? Shamarran warrii kallessaa imimaanko cimaa qerransaatii fakkeessaa turaan utu na argaanii....googaan kee diribidha kan jalaalli salphaattii uree hin seene" Abrahaam (2018:114).

Barreessan asoosama kun imimaan Gammachuu kan daa'imaa fakkeessee,akkasumas cimaa qerransattii fakkesse boceera.lapheen yookan onneen isaammoo akka googa dirribbiti fakkesse kalaqera.

Walumaa galattii Gammachuun garaan jabbesa kan dafee hin aree yookaan garaa hin lafnee turee, har'aa garu jalaala jituudhaf jedhee imimaan isa busee bo'ee. Namoonni akka Gammachu har'as addunyaa kanarra hin dhibbaman.

### 3.7. Namfakkeessuu Sadarkaa Jireenyaa Isaanitiin.

Asoosama tokko kessattii akkuma jireenyaa namoota addunyaa haqaa kessa jiranii gargar ta'ee jireenyii namfakkota asoosama tokkos akkasumaa garaagarumma qaba. Kana jechuun yoo tokko soreessa ta'ee tokkomoo kan hiyyessa waa nyatee buluu hin qabnedha.Tokko kan uffatasa guyyattii yeroon jijjiratuu yoo ta'uu, kan waggattii uffata. Bu'aa bahii jireenyaatii kan namnii hunduu kessa darbuu.

#### 3.7.1. Kuluulee

“Hintalaa qarroo dhabeettii kadhaan bultuu magaalaa gimbii kessa jiratuuf, gabaa malifuu kuusaa midhaanii tokko jala bultuu” Abrahaam (2018:1).

Asoosama kana kessattii sadarkaan jireenyaa kuluulee bay'ee gadii bu'aa kan ta'edha.Kuluuleen nama qamaan hir'uu, qabeenyaan duwwaa fi mana jireenyalee kan hin qabneedha. Asoosan kun immo namoota addunyaa dhugaa kanarra jiraniin wal fakkeessee kalaqera. Har'aa namnii akka kuluulee addunyaa kanarra hin dhibbuu.

Kuluuleen, godoo mataa jala ka'atuu kan hin qabnee kadhaan bultuudha.Akkasumas qarroo dhabbeettii guyyaan ittii dukana'ee ammamoo guyyaa namnii ittii waa nyatuu dhabee beela'ee, duutni beelan da'atee balbala nama hundaa jala riphee cisaa jiruu. Abrahaam (2018:5).

Barressan jireenyii kuluulee mal akka ta'ee kana malees mal akka fakkatuu kan nuf seeneessudha.Asoosan kun duutnii beelan da'atee balbala nama hundaa jala riphee cisaa jiruu kana jechuun du'aa akka waan lubbuu qabuttii lubbuu itti horse nama fakkeessee kan kalaqedha. Akkasumas jireenye addunyaa kana fakkesse kan barressedha.

Laftii kanif diree ,anaf bowwaa... allayyaa qiliileedha.Dandiin kanif walqixatas arangamaa hafee na waraana,gufuu ta'ee na hufachisaa, na takkala, na kuffisa, na dhigsaa, na madeessa, beelii, dheebuun, daarrii...dhamochis qamaakotif hiriyya ganamati. Abrahaam (2018:16-17). Barressaan asoosama kana rakkinaa yookan hiyyumma kuluulee ibsuuf wantoota hedduu fayyadamee baressuu yalera. Kuluuleedhan akka waan addunyaa kanarra jirtutii dhugaa fakkeessee akka yadaa dubbistoota harkisuu danda'uttii bocera yookan kalaqera.Kunis asoosan kun na warrana,na gufachisa,,natakkala,nadhigsaa....beelii,dheebbuun,darrii...qamakootiif,hiriyya ganamattii.Barreessan kun halotaa garagaraa kuluulee mudaatan nama fakkesse akka waan isaan dubbatanitii iddo nama buzee kalaqera.

### 3.7.2. Kennaa

Dhugaa qabda atii maal goote. Ilmaa  kadhatuu sanatuu dangiboon tuqee xaxee lafa si ka'eetii. Kenna ilmaa kadhatitii jamaa kan turetiim. Abrahaam (2018:187). Asoosaan kunis jechaa arabaa fakkesse yeroonni barresseedha. Kennatif maqaa gadhee fi hiyyumma isatiin wamama turu isa argina. Ilmaa kadhatiti kunis hiyyumaa isaa mul'isaa. Wantii hunduu ni darbaa. kan utuu hin darbiin hafu hin jiruu tarii Kennan akka har'a kanattii hafuu dhisuu danda'aa. Barreessan kun waantumaa addunyaa dhugaaraa jiruu bocee lafa ka'era. Namnii akka kennas addunyaa kanarani jira .

### 3.7.3. Amiinaa

Maatii dureessotaa magaalaa gimbii kessa jiruu jedhaman  keessa isaa tokko kan ta'aan abbashee Hajii Nuuree Xaayirii fi hadhashee Addee Muniraa Ha'mad giddudha kan biqiltee dhalatee isumaa of bartee matii jireenyaa irra hafa jiraatan keessattii of agartee; hin beela'in nyachuu, hin dheboottin dhuguu, hin darriin uffachuu "Rakkinaa" gafaa jedhaan maqaa dhagahuu fi jireenyaa namoota naannoshee kessatti arguun alattii guyyumma tokkofilee dhamdhamtee qabatamattii malumaa rakkinaa oso hin argiin kan guddatee intala soreessati. Abrahaam (2018:46-47). Yaadnii armaan olii kun matiin Amiinaa soreessota ta'uu fi Aminan immo hadhasheetif intalaa tokkittii ta'uu kalaqera. Amiinaan malummaa rakkinaa dhandhamtee kan hin beeknee ta'uu ragaan armaan olii nuf hima.......gorduubnii mana amiinaafa shamarree qaqal'oo mimidhagduu ucuu " Dizayinii"adda addattin hodhamee uffachuun dabaree irra ba'aanii fuula abbottii Serra fi dawwattotasanii basha'aan fakkatera.

Amiinadhaan har'aa namnii hubatee ilalee intalaa maraatteettii yookan immoo Asteerfa faana fuula motichaa ashiwerosiiti dhiyaachuuf qopheeraa jirtii jedhaa male. Abrahaam (2018:64). Amiinaan gamaa sadarkaa jireenyatiin matii soreessota irra kan dhalatedha.Akkasumas kan nyatuu,kan uffatuu, filattee kan fudhatuudha. Ragaan armaan olis yaduuma kana ibsaa.

### 3.7.4. Bashaatuu

Akkumaa sorummaan jiruu hiyyummanis ni jira,akkumaa qufnii jiruu beelis ni jira wantii addunyaa kanarra falladhabee hin jiruu. Bashaatuun nama mana namattii galtee of jirachistudha. Asoosama kana kessattis ragaa ni argana.

### 3.7.5. Namfakkessuu Gochaa Isaan Rawwataniin

gochaa isaan rawwataan yoo jennuu halaa itti namfakkoonnii jireenyaa isaanii kessaattii rawwii tokko rawwatanidha. Gochii isaani kunis bara sana keessa kan jiruu yoo ta'ee dhugummaa seenichaa ni cimsa. Namfakkoonni immoo, gochaa tokko kan rawwataan sababa tokko qabachuun dhugooma bara sana agarsiisuf yeroo isaan tatafataan arginaa. Gochii isaani kun immo enyummaa, amala, isaani fi bara sana keessa maltuu akka turee beekuuf nu gargaara. Addunyaa dhugaarattis namnii kayyoo isaa galmaan ga'achuf guyyaa guyyaattiin tarkaanfii garagaraa fudhata.

## 3.8. Gammachuu

Jaalala inni wareegama hangaa sana ga'uu itti kaffalee fuutee salphistee akka meeshaa rakasaa tokkoottii basaa jeete jechaa rakasaan yoo wamtuu,gammachuu ariitu mormaa hudhee qabee, arabasaa takkalee.Wa'ee jalalaa isaani akkan waan obseen ta'ee darbeettii"turee"jechuun isheemoo arisaa kana gara bita galchamuuttii jijjirre: Abrahaam (2018:98). Akkumaa yaada armaan oliirraa hubbannuttii jechaa laliseen jeteen halii gammachuu bita isatii galee. Kunis wantaa lalisee fi jituun gochaa jirantuu gaffii itti ta'ee. Kun immo gochaa isaan rawwatanidha. Gochaa lalisee fi jituun rawwatan kunis kan gammachudhaan gaddisisuu yookan mufachisudhaa ture.

### 3.8.1. Kennaa

Al tokko tokko yomuun ta'e yaduu, Rabbi garu garaa jabessan jedha. Sana mara tole jedhee fudhee obsee jiranan amammo badikoo malee Abba badii ta'ee akkan hidhamu eyyame!! Abrahaam (2018:142)

Yadaa armaan olii kana irraa akka hubannuttii kennan rakkinaa hedduu danda'ee utu bachaa jiruu hojii isaa malee akka inni yakamaa ta'ee akkanii hidhamu ture. Kun immoo gochawwan kennaarrattii rawwatama turan hubachisaa. kennarrattii gochii soba rawwatamusa argiina.Asoosan kun wantumaa yookan gochummaa dhugaa addunyaa kanarrattiihar'a mul'ataan kan bara sana fakkessun kalaqera.

### 3.8.2. Woldee

Namtichii isheen abbashee birattii ijaan argaa beektuu tokko gadda cimaa keessa ta'e utunni dukaanaa seentuu agarte "maltate woldee nagaa miti"? hatii Amiinaa jedhaani waldee gafatan. Kenna hin beektani? Amiinaan waldeettii siqattee guraa qeensitee dhabbattee. Abrahaam (2018:187). Barreessan asoosama kun namfakkii kanan gochaa inni rawwattuu gochama sirrii fakkessee kalaqera.

# BOQONNAA AFUR: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA

Boqonnaan kun kutaa sadii kan ofkeessatti hammatuudha. Kutaan jalqabaa (5.1) cuunfaa qorannoo kanaa gabaabinaan kan ibsuudha. Kutaan lammaffaa (5.2) ammo, yaada furmaataa qorannoo kanaa irraa ka'uun kenname kan lafa kaa'uudha. Kutaan sadaffaan (5.3) ammo, hanqinaalee jiraniif yaanni furmaataa maal ta'uu akka qabaatu kan qaamolee dhimmi ilaallatuuf akeekni keessatti keeyyamuudha.

## 4.1 Cuunfaa

Asoosamnii gosaa ogbarruu keessa tokko ta'ee tateewwaan addunyaa dhugaa deebisee kan nuf himuudha. Asoosama iddoo gurguddoo sadiittii qodnee ilaaleraa. Isaanis asoosama gabaabaa, asoosama giddu galessa fi asoosama dheeraadha.miseensoota asoosama keessa itti fayyadama jechootaaf namfakkeessuu ilaalera.

Kaayyoon qorannoo kanaa innii ijoon qaacceessaa itti fayyadama jechootaafi namfakkeessuu kitaaba Imaanaa Imaltuu keessatti dhiyaate ilaaluun lafa dhahuu yoo ta'ellee irraa caalaatti xiyyeeffannoon qorannoo kanaa itti fayyadama jechoota nafakkeessuu kitaabicha keessatti mul'ataan irratti kan fuulleffateedha. Kaayyoo kaayyeeffatame kana galmanan gahuuf, adeemsa garaagaraa keessa darbameera. Adeemsi kunis boqonnaa boqonnaatti qoqqodamuun kan ilaalamee qaacceeffameedha.

Boqonnaan inni duraa seensa qorqnnichaa irraatti kan xiyyeeffate yemmuu ta'u, ibsa isaatiins, seendubbee qorannicnaa, ka'umsi qorannichaa, kaayyoon, qorannichaa, faayidaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqinna qorannichaa, malaawwan qorannichaa, madda ragaalee, tooftaa funaansa ragaalee, mala iddatteessuu qorannichaa kan itti gaggeeffame maala fa'a akka ta'e walduraa duuba isaa armaan oliitti kan ibsameedha.

Boqonnaa lammaffaa keessatti ammoo, sakatta'a barruu qorannaa garaagaraa keessatti kaafame. Qabxiileen askeessatti kaafamanis, sakatta'a barruu yaadrimeefi sakatta'a barruu walfakkii. Sakkatta'a baruu yaadrimee jalatti, yaaxinaaleen adda addaa, kamaniiru isaanis yaadrimee asoosamaa, gosoota asoosama, miseensoota asoosamafi maalummaa jechaa, gosoota jechaa, fi kkf boqonnaa kana waliin qaban kaafamaniiru

Boqonnaa sadi keessaatti ammo qaacceessaafi kiikkaa ragaalee kan kafamaniidha boqonnaa kana keessatti qaacceessaa itti fayyadama jechootaaf namfakkaatoota, seenaa gabaabaa asoosama Imaanaa Imaltuu, qaacceessaa waa'ee jechootaa asoosacha keessatti argamanii fi qaacceesaa waa'ee fakkatoota asoosamichaa keessatti argamaniifi haala dhabbii qodatoota, amalaa isaanii, sadarkaa jireenya isaan boqonnaa kana keessaatti qaacceess ibsee jiraachu isaa arumaan oliiti hubanee jira.

**4.2. Argannoo**

Qorataan kun hojii qorannoo kana yeroo hojeteetii argannowwaan armaan gadii argaatetii.

- Qorannoo mata dureen isaa itti fayyadama jechootaaf namfakkeessuu Imaanaa Imaltuu qaaccsuun bu'aawwan garaagaraa argachuun danda'ameera. Kaayyuudhuma kaayyeeffatame bu'ureeffatamee/walqabatee, maalummaan itti fayyadama jechaa ibsamuun akka arganootti waantti argame, barreeffama tokko barreessuuf filannoo jechaa itti fayyadamuu qabnu murteessaafi barbaachisaa ta'uu isaa haalaan hubachiissun danda'ameera. Afaan tokko dubbachuufi barreessuu qoft ga'aa akka hin taane, akka, argannootti kaasuun ni danda'ama.

- Qaamoleen dhimma afaan oromoo irratti hojjetan hundi osoo itti gaafatamumaa fudhatanii akkaatadhuma ogummaa isaaniitti hanga dan'an kutannoofi murannoon dhimmoota fayyadama jechootaafi jechaa alidileerratti, gadi-fageenyaan kan hojjetan ta'ee guddinaafi waaltina afaanichaatiif barbaachisaafi murteessaadha.

- Toftalee asoosan asoosama dheeraa Imaanaa Imaltuu kessaattii itti fayyaadama jechootaaf namfakkeessuu kalaqee, karaa dhabbanaa qamaan, karaa amaala isaanin, karaa sadarkaa jireenyaa fi gochaa isaan rawwatanin akka ta'ee hubbatamaniruu.

- Walumaa galattii namfakkonni asoosama kana kessattii dhiyyatan namafakkatanii foon uffattanii, lubbu horatanii ga'ee isaan irra egamuu rawwataniru. Asoosichis hangaa danda'amee ga'ee gama isaa ba'uuf yaleera. Kana jechuunis saayinsii asoosamattiin namfakkii isaa namfakkessee dhiyyeessuuf carraqera jechudha.

### 4.3. Yaboo

Qorataan kuun Argannoo isaarati hunda'udhan yaadota foyyiinsa armaan gadii kanneen dhiyeessera.

- Bareessitoonni kitaabilee idilee keessatti osoo fayyadama jechoota alidilee dhiisanii yookiin xiqqeessanii itti fayyadamanii gariidha jedheen yaada. Yammuu fayyadamuun dirqama ta'ee argametti immoo, akkaataa dubbattoota afaan oromoo hundaaf gulutti jechoota alidilee biro looga biraatiin hiikuun bifa miiljaleen, yookiin jalqabaafi dhuma kitaabichaa keessatti kaa'anii agarsiisanii garariidha.
- Akkuma waliigalaatti asoosamicha keessatti bifti(haalli uffannaa, qaama isaanii, rifeensa mata, (body posture), qallina, furdinaa fi k. k. f isaanii osoo ibsamee garrii ture.
- miseensoota asoosama sirrittii beekuun guddinaa ogbarruu afaan tokko kessattii qooda olaanaa qaba. Kanafuu hojin dabalatas qamoota dhimmii kun ilaalatuun fakkeenyaaf, wajjira aadaa fi turizimii akkasumas baratonnii fi barsisonnii kollejii fi yunivarsitiittin xiyyeeffatamee irrattii hojetamuu qaba.
- Miseensota asoosama kessa gahuumsa namfakkeessuun asoosama dheeraa Imaanaa imaltuu jedhuu kessattii argamaan gama adda addattin hubachisuuf gara fulduraattiis qamoonni dhimmichii ilaallattuu hundii irrattii xiyyeeffattanii hojjechuu qabu.

# Wabiilee

Abrahaam Tasfaayee. (2010) *Imaanaa Imatuu*: Maxxansa 4ffaa, Finfinnee Mana Maxxansaa Artistikii.

Addunyaa Barkeessaa. (2014): *Semmoo* Bu'uura Barnoota Afaani fi Afoola Oromoo Oromiyaa, Finfinnee.

Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Natoo:* Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo. Mega Printing Press.

Asaffaa Tafarra (2009*). Eela*: Seenaa Oguma Oromoo. Finfinnee: Fares Trading. P.L.C

Barry Bernstein.(1992). *Language and Literature*.New York: Colombisc

Diyaanii.(2002). *Literature Reading Fiction Poetry Dirama.*

Galmee Jechoota (2006).*Oxford Advanced Leaners Dictionary*.

Getachoo Rabbiraa. (2008): *Furtuu Seerluga Afaan Oromoo.* Dhaabbataa maxxansaa kurazi itenational Finfinnee.

Galmee Jechoota (2006) *Oxford Advanced Learners Dictionary*.

Glencoe. (1991). *Under standing Literature*. New York.Mc Grow Hill

Peterson.1994). *The American Short Story*. New York:Mc Grow Hill

Wasanee Bashaa. (2004). *Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Artistiik.

**Waraqaa Mirkaneffannaa**

Ani qorataan maqaa fi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannookun hojii koo ta'uu ibsa. Hojiin ku kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqaa Qorataa________________________

Mallattoo_______

Guyyaa________

Maqaa Gorsaa__________________________

Mallattoo_______

Guyyaa_________